# 22. JAALLABOOTA

## Yoshua 7-28, Jaalaboota

Laakuma gumiin Israeli lafa Kanaani dabsate mohatuuni, gochiti kud'ani lamaanu lafa gargari qoodate qubatte. Hujiin worra, gumii Kanaani lafa suni keesa baasani, lafa worra keesa qubatani, kha worran wolti himmakhamne, egeri waaqefanna waaqota worra ta d'ara baratani. Eegi Yoshuaan du'e, gochiti kud'ani lamaan ufbulchu jalqabde. Worri lafa keesumooma keesati horre, daraare, ballate jennani waan Waaqi worra ajaje ded'e. Giseen sunini gise "Nami ch'ufti waan ilaalcha worraati qajeeltu ch'alla hojjate."

Duuba malekan Goftaa waan gumiin jette, "Anin gaafa lafa Misirii keesa isan baase akkan isaniin jed'e, 'Isan gumii Kanaanitiini wolti himmakhamina.' Ammo isan yayu wold'aqiisa ch'absitani. Isan gumii Kanaani waliin fidamtani, fula worri soorio iti baasufi waaqota worraalle balleessu diddani. Tanaafi, anin amma worra isan dura hingussu. Worri akka qoraati, mirga bitaan isaniiti tahe, waaqoti worraalleni t'uruura isaanii khaaya."

Duuba akkasuma taate. D'aLutui haaressi Waaqa wolaale, waaqota Kanaani waaqefatani, waan hamaamtu heddu tolchani. Nyaapi worra had'e, guyya Israelin nyaapa haatu ch'ufaayu Waaqi woraan morme, duuba worri indabsatame. Yo ammalle worra garboomsan kaani, Waaqa qaabatani, araara galani, akka Waaqi worra baasu iti boohani. Duuba Waaqi jiddu worraati jaalaba kaasa, akka Israeli harka nyaapa jala baasu.

Eegi diqqo turan, worri ammalle inded'a, finnuma duri kaaniti deebiani. Haga marro kud'ani hafuri ganna 350 keesati, gumiin Israelii, Waaq irra fagaate waaqefanna waaqota Kanaanii kha harkaan boch'aniiti deebite! Yo ch'ufa, Waaqi worra inadaaba, akkuma seera kud'annan gaara Sinai irraati worraati kenne keesati jed'e. Achiin yo gumiin Israelii Waaq araarfate ch'ufa, Waaqi woraa araarame, ammalle worra eebisa. Kunini bara jaallabootati. Jaallabooti gari worra Israeli harka nyaapa jala baasu kha akka Gidioni, Dibora fi Samsoni fa. Jaallabi muummee kha gumii Israeli baase nama maqaan Samueli jed'ani. Gaafa inni daima diqaa, Waaqi iti dubbate, waan egeri taha iti hime. Inni laakuma guddatuuni, Waaqi isa waliini jiraate, wonti inni jed'e guutamte d'ugoofte. Tanaani nami ch'ufti akka Samueliini raaga Waaqa beekhe.

### <u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Kara dandeette ch'ubbun tokko ch'ubbu d'ibiin nama d'atte haga qaraalle nama hanqiftu, iirra herregu dandeeta?

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**Waan WAAQA irra maan baranna?**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (Inni jabeena chufayu inqaba, inni waan chufayu harka qaba, inni gudda waan chufa moohatu)**
    - Gumiin Israelii gaafa Waaqi worra waliin jiru nyaapa isaani dabsatani. Guyya Waaqi worra waliin hinjirre worri indabsatame. Worri jabeenna Waaqa ch'allaani dabsacha argachu dandae.
    - Waaqi yo ch'ufaayu jabeenna nyaapa worra jala worra baasuni inqaba.
- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**
    - Waaqi nama ch'ubbameefi waan taheelle ch'ufa imbeekha. Inni guyya Israeliini isaati ch'ubamtelle imbeekha.
    - Yo worri araara galulle inni beekhe worra baasa.
- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha dhugaa, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati daba duisani gaafatu)**
    - Waaqi seera baase, ajajamiisa nama eegata.
    - Gaafa gumiini Israelii isaati ch'ubamte, inni dudda worraati gale akka qulqullooma isa eegatu.
    - Gummiin Israelii marro heddu Waaqati gara galte, ammo iniilleni guddo worra adaabe.
- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
    - Waaqi irdedeebie naasu isa worra garsiise, yo worri araara galu ch'ufaayu inni jaallaba worra durdeemu worraa kenne.
- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**
    - Waaqi akka lafa worraa kennu kakhu gale, akkasuma worraa tolche, ato worri isaa ajajamu didellee.
    - Waaqi durumaati deeme gumii kakhuu jabeesse, ta worra kees bahe Baasa duri gumii isaatii kakhate ergu, inni sanyii niitii keesa d'ufa.

**Waan ilme NAMA irra maan baranna?**

- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**

    - Israeliini marro heddu ilaalatamte akka dudda Waaqati galte, waaqota harkaan boch'an waaqefate, duuba worri Waaqaafi waan inni woraa tahe ch'ufa inded'ani.

- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi ilme namaati feesisu ammalle akka ilmeen nama dandeete ufi himbaamne garsiifti?**
    - Marro heddu nyaapi Israeli dabsate waan worri ufiin ufbaasu hindandeennef. Worri duuba Waaqati bohe.

**<u>Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)</u>**

- **Akka ilmeen nama kara Waaqa challaani gara Waaqa dhuftu, oddun tunini maanin garsiifti? (Fed'i Waaqatiifi yaada isa gula?)**
    - Israeliini yo seera Waaqa guute ch'allaa nyaapa ufi dabsachu dandaani.

- **Akka nami akka baafama argatu, daba irra deebie ammalle dhugeefachu male, oduun tunini maanin garsiisfti?**

- Guyya Israeliini araara galte Waaqati abdatu ch'ufa, Waaqi worra imbaase.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>:**

- Nami lafa irraati kara kami faani mid'aani ch'ubbu worra murata?
- Karaan tokkoo "nami waan ola woraati qajeeltu sehu ch'alla tolcha" nami ch'ubbu ufi womaati hindaru. Karaan nami ch'ubbu ufi diqeesse waan woma hintain tolcha kami fa? Me fakkeenna kenni.
- Ch'ubbuun teenna "didiqoolleni" maafi ulfo? Waan onne teenna maan himti? Maafi ato waan nama d'ibi madeessa hintainiille, isiin jajabdu?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Ch'ubbun atin jireenna kanke keesati nafa tolfatte, ta atin womaati hindarre jirti? Maqa d'ai.  Ch'ubbuun tunini waan onne teeti maan himti? Ch'ubbuun tunini kara kamiin jireeenna kankeetifi jireenna nam d'ibiille rakko keess keeti yo atin akka dansa inlaallanne? Yokhaan yo atin araara hingalin?
- Kara kamiini atini **waan ila teetitti qajeeltuu seetu ch'alla** tolchuuti jirta, fula ila Waaqatiin woi laaltu? Akkan jechuuni, ch'ubbu tamiiti yoosu si hid'a? D'ara dubbachuu? Hannaa? Inaaffaa? Hamii? Tunini kara kamiini wold'aqiisa tante Waaqa waliin yokhaan Kristiyaan d'ibii waliin yakkite jirti? Yo ch'ubbu suni irra deebite Waaqati himate, abdii tamiiti sii jira?